Boqonnaa-1

1. Seenaa Tapha kubbaa Harkaa

Seensa

Boqonnaan kuni kan of keessatti qabatee argamu seenaa akkaataa dhufiinsaa fi guddina tapha kubbaa harkaa ti. Kunis haala gaarii fi ifa ta'een qophaa'ee argama. Kanaafuu sirriitti yoo dubbifte hubannoo guddaa argatta.

Kaayyoo Gooree

K/barsiisota boqonnaa kana barattee erga xumurtee booda:

- Seenaa tapha kubbaa harkaa addunyaa ni tarreessita.
- Jalqabinsa tapha kubbaa harkaa Afirikaa ni himta.
- Haala dhufiinsaa fi guddana tapha kubbaa harkaa ni ibsita.

I. Seenaa Dhufinsa Tapha kubbaa Harkaa Addunyaa

- -Taphni kubbaa harkaa taphoota umurii dheeraa qaban keessaa isa tokkoo dha.
- Bara 1904 A.L.A tti warri Deenmaarkitti waldaan akka ijaaraniif karaa barsiisaa **Holger Nisen** jedhamuu seera akka baasaniif ni ibsu.
- Bara 1907 A.L.A Jarmanoonni karaa Nama **Maaksi Eizer** jedhamu magaalaa **Berliin** keessatti dubarttootaaf jadhanii akka tapha kana qopheessan ni ibsu.
- Taphni kubbaa harkaa dirree kubbaa miilaa irratti gaggeefamaa akka ture ragaan tokko tokko ni ibsu.
- Wal-dorgommiin tapha kubbaa harka addunyaa jalqaba kan gaggeefame bara 1925 A.L.A tti ture.
- Bara 1928 taphni kubbaa harkaa wal-dorgommii olompikii irratti akka gaggeefamuuf bakka bu'ootni biyyoota **11** armaan gaditti tarreeffaman bakka argamanitti murta'eera. Akkasumas feedeereeshinii Amaaterii tapha kubbaa Harkaa Addunyaa hundeessan ture.
- Taphini kubbaa harkaa bara 1936 A.L.A Oloompikii yeroo biyya Jarman irratti qophaa'e irratti yeroo jalqabaaf dhiyaate.

➢ Bara 1946 Feedereshinii tapha kubbaa harkaa Addunyaa haarawaa **Koppiin Hageniin** hundeeffame seera tapha kubbaa harkaa mana keessaa raggaasise.

➢ Itti aanuuniis wal-ga'ii olompikii Bara 1965 A.L.A Muunikitti geggeeffamu irratti dhiiraan, akkasumas, wal-dorgommii olompikii kaanaadaa

Moonteeriyaalitti bara 1976 A.L.A tti geggefamu irratti dubaraan akka gaggeefamu murteessee ture.

II. Seenaa Dhufiinsa Tapha kubbaa Harkaa Afriikaa

Taphni kubbaa harkaa Afriikaa yoom, akkamitti fi eessatti akka eegalame beekamuu baatullee shaampiyoonaan tapha kubbaa harkaa Afrikaa bara **1974** A.L.Atti dhiiraafi dubaraan gaggeeffame turun isaa ni beekama.

Tapha shaampiyoonaa kubbaa harkaa Afrikaa kana irratti

Dhiiraan 1ffaa – Tuuniziyaa

2ffaa - Kaameeroon

3ffaa – Seenegaal

Dubaraan

1ffaa – Tuuniziyaa

2ffaa - Seenegal

3ffaa – Gibisti ta'uun

Dorgommii isaanii sadarkaa 1ffaa -3ffaa qabachuun xumuranii jiru.

III. Seena dhufinsa Tapha kubbaa Harka Itiyoophiyaa

- Itiyoophiyaa kan seene bara 1960tti A.L.H karaa lammilee biyya alaa yuniversiitii barsiisuuf dhufaniin yoo ta'uu,
- Bara 1961 A.L.H tti hirmaattoota poolisii, Humna ittisaa fi Qaamolee biroo irraa dhufaniif leenjiin kennameera
- Bara *1962 A.L.H tti Feedereeshii tapha kubbaa Harkaa* Itoophiyaa hundeeffame.
- Bara 1963 tti yeroo jalqabaaf kileboota kudhan jidduutti wal dorgommiin finfinnee irratti geggeefame.

Qabxiidhaanis kilebiin.

- Kolleejjii poolisii 1ffaa
- Sub-qunnamtii poolisii 2ffaa
- Humana dafee qaqqabaa 3ffaa ta'anii xumuran
  - Bara ***1964 A.L.H Miseensa guutuu Feedereeshinii*** tapha kubbaa harkaa Addunyaa taate

- Bara 1968 A.L.H tti wal dorgommii akka Addunyaatti **Gibtsitiin** qopheesitee turte irratti yeroo jalqabaaf hirmaatte. Wal-dorgommii kananis Gibistitti aantee 2^{ffaa} taatee xumurte.
- Bara 1968 A.L.H gareen dubartoota keenya yeroo jalqabaaf kan wal-dorgommii internaashinaalaa Ugaandaatti qophaa'e irratti hirmaate

> - **Shaampiyooniin tapha kubbaa harkaa Afirikaa ALA tti bara kam adeemsifame?**

Boqonnaa-2

2. SEEROTA BU'UURAA TAPHA KUBBAA HARKAA

Seensa

Boqonnaan kuni kan inni of keessatti qabatee argamu Seerota bu'uura tapha kubbaa harkaa ti. Kunis haala gaarii fi ifa ta'een qophaa'ee argama. Kanaafuu sirriitti yoo dubbifte hubannoo guddaa argatta.

Kaayyoo Gooree

K/barsiisota boqonnaa kana barattee erga xumurtee booda:

- Maalummaa seerota tapha kubbaa harkaa ni ibsita.
- Barbaachisumma seerota tapha kubbaa harkaa ni tarreessita

Seerrii jiraachuun maaliif barbachisee?

- ❖ Seeronni taphni ykn dorgommiin adda addaa yeroo geggeefamu dorgommiin suun miidhaa fi walitti bu'iinsa tokko malee bifa seera qabeessa ta'een akka gaggeefamu kan taasisuu dha.
- ❖ Akkasumas dawwattoonni tapha wantoota adda addaa irraa bilisa ta'e dawwachuun akka itti gammadanii fi akka tapha kana keessatti hirmaatan kakaasuuf gargaara.

Tapha kubbaa Harkaa keessatti seerota bu'uuraa kan jedhaman

1. Dirree

- ⏩ Taphni kubbaa harkaa tapha garee lama giddutti gageefamu dha. Haata'u malee tapha kana gaggeessuuf wantoota baayy'ee barbaachiisoo ta'an keessaa inni tokko dirreedha. Kunis kan ta'uu danda'e diree malee tapha gaggeessuun waan hindanda'amneefi waan ta'eef.
- ⏩ Dirree taphni kubbaa harkaa irratti gaggeefamu ballina m 20 fi dheerina m 40 (40 x 20) irratti hojjetamu yoo ta'u dirree irratti kan sararaman ballinni isaanii sm 5 ta'uu qabu.
- ⏩ Tapha kubbaa harkaa kanaaf akkuma tapha kubbaa miilaa galiin ni barbaachiisa. Galiin kunis dheerina m2 fi ballina m 3 irraa hojjetamudha. Galiin kunis kan hojjetamuu qabu sibiila ta'ee karaa duugda duubaatiin kan saphanni galii kan itti fannifamu jiraachuu qaba.

- Dirree tapha kubbaa harkaa irra naannoon galii jiraachuu qaba. Nannoo kana dhaabachuu kan danda'u nama galii eegu qofa dha. Haata'uu malee taphattoonni kamillee yoo ka'umsi isaanii sarara naannoo galiin ala ta'e qilleensarra utaalanii seenuun nidanda'ama. keessumaa yeroo kubbaa gara galitti darbachuuf jennu sarara alaa utaallee qilleensarra osoo jirruu kubbaa gara galitti erga darbannee booda sarara galii keessa qubachuu ni dandeenya.
- Sarara darboo bilisaa (9m) kan fayyadamnu yeroo balleessaan xixiqqoon uumaman yoo ta'u sarara adabbii garuu kan fayyadamuu yeroo balleessaan ciccimoon uumamu dha.

2. Kubbaa

Taphini kubbaa harkaa kubbaa malee taphatamuu hin danda'u. Ulfinni, bal'innii fi qilleensi kubbaa keessatti argamu yoo seera addunyaan baasee waliin wal-qixa ta'e qofa dha.

Kubbaa harkaa sarkaanfiraansii\marsaan isaa\

- Dhiiraaf sm 58 – 60
- Dhalaaf sm 54 – 56

Ulfina

- Dhiiraaf 425g – 475g
- Dhalaaf 350g – 400g ta'u qaba.

3. Turtii ykn dheerina yeroo Tapha kubbaa harkaa

- Sa'aatiin tokkoo kun bakka lamatti hiramee boqonnaa duraaf boqonnaa booda taphatamu yoo ta'u,
- Dhiiraaf daqiiqaa 60
- Shamaraniif daqiiqaa 50 yemmuu ta'u yeroon boqonaadhaaf kennamuu daqiiqaa kudhan (10) ta'a.

4. Garee Tapha Kubbaa Harkaa

Gareen kubbaa harkaa tokko kan inni of keessatti qabachuu qabu.

- Taphattoota
- Leenjisaa
- Gargaaraa leenjiisaa
- Dursaa garee

- Ogeessa fayyaa

Baay'ina taphattoota

Tapha kubbaa harkaa kanaaf garee tokkoo taphattoota **12** kan barbaachiisu yoo ta'u kan keessaa **7** jalqaba seenanii keessa 1 gaalii eegadha yoo ta'u taphatan **5 eegattoota** ta'anii yeroo barbaachiisaa ta'etti leenjiisaan jijjiruun akka taphataan godha.

Murteessitoota

Tapha tokkoof murteessitoota ga'ee adda addaa qaban ni barbaachiisa. Tapha kubbaa harkaadhaaf murteessiitoota afur ni barbaachisa.

Isaanis

- Murteessaa 1ffaa
- Murtteessaa 2ffaa
- Qabxii qabaa
- Too'ataa sokondii 30

5. Akkaataa Taphni Itti Eegalamu

Taphni kubbaa harkaa kan eegalamu jalqaba gareen lamaa walii wajjiin taphatan erga qophaa'anii dirree seenanii booda gareen lamaan isaanii irra bakka bu'oota garee murteessaan akka carraa kaasan ykn akka saantimni darbatamu godhama kana booda garee tapha akka jalqabu carraan isaa ga'e walakkaa dirree irra hiriiree dhabbachuun yeroo murteessaan firimbii afuufu kubbaa walii kennaa (dabarsaa) tapha eegalu. Yeroo kana taphattoonni garee biroo bakka galii ykn naannoo ittisaa isaanii hiriiruun kubbaa galii isaanii irraa dhorku. Kunis fakkiidhaan akka armaan gaditti taa'ee jira.

Darbannaa Sarara cinaa (Side throw), Suuqaa (corner throw) Galii (Goal throw), Adabbii fi Adabbii bilisa

A. Darbannaa Sarara cinaa (Side throw)

- Kan raawwatamu yoo kubbaan karaa sarara cinaa gara alaatti batee garee faallaatu darbatata. (fkn gareen A yoo basee garee B tti darbatata)

B. Darbannaa Suuqaa

- Kubbaan yoo karaa sarara dhummaa taphataa ittisaa garee offidhaan gara alaatti bate akka darbatataniif garee faallaaf kennama, garu yoo galii eegatti bu'e gara alaatti ba'ee darbannaa galii ta'a.

C. Darbannaa Galii

- Kan kennamuu yoo kubbaan garee faallaattin tuqamee ykn galii eegaa ofiin tuqamee gara alatti batee kan kennamuu dha.

D. Darbannaa Adabbii

- Kan kennamuu yoo taphataan tokko taphata garee faallaa irratti faawwoolii salpha dalagee ykn kubbaan gara galii faallaatti deema jirtu waan galii tatu miti yoo ta'e bakkuma itti dalagamee sana irra akka darbatatan godhama. Gareen faallaa immoo 3m irraa fagaachuu qaba.

E. Darbannaa adabbii bilisa

- Kan kennamuu yoo taphataan tokko taphata garee faallaa irratti faawwoolii cimaa dalagee ykn kubbaan gara galii faallaatti deema jirtu waan galii tatu yoo ta'e darbannaa adabbii bilisaatti kennama.
- Taphata badii cimaa akkanaa hojjeteefis immoo murteessaan addabbii daqiqaa 2 kennuu ni danda'a.
- Kan darbatamuus fageenya 7m irratti, namni darbatuus hanga kubbaan harka isaa keessa batuuti miilaa isaa tokko lafaarraa kasuun dhorkadha.

❖ *Akaakuuwwan darbannaa barreessuun tokko tokkoo isaaf ibsa gahaa kenni.*

Boqonnaa-3

TEEKNIKA BU'UURAA TAPHA KUBBAA HARKAA

Kaayyoo Gooree

K/barsiisota boqonnaa kana barattee erga xumurtee booda:

- Maalummaa tekinika tapha kubbaa harkaa ni ibsita.
- Barbaachisumma tekinikoota tapha kubbaa harkaa ni tarreessita.

Tapha kubbaa harkaa keessatti taphni bareedaa fi midhagaa akka ta'u akkasumas gareen tokko moo'ataa akka ta'u tumsa guddaa kan godhuu danda'an teeknikoonni tapha kubbaa harkaa ni jiru. Teeknikoota kana tapha keessatti walitti qindeessuun itti fayyadamuufis ta'ee taphattoonni garee tokkoo teeknikoota kan irratti ga'umsa kan qaban yoo ta'e gareen sun salphaatti moo'achuu ni danda'a.

Teeknika bu'uuraa jechuun dandeettii tapha kubbaa harkaa keessatti yeroo bayy'ee itti fayyadamnu fi tapha ol aantummaadhaan xumuruuf kan daran murtteessoo ta'an jechuu dha.

Teeknikoota bu'uuraa tapha kubbaa harkaa kan jedhaman:

1. **Kubbaa qabachuu**
   - Kubbaan kan qabatamuu qabu quba addaan facaasuun baruu harkaa akka gadi boolleessuu gochuun harka tokkoon ykn laman qabtama.
   - Kubbaa fageenya gadii aanaan dhuftees tahee qilleensa keessa ol fageenyaan dhufte qabachuuf dhaabbiin keenya haala itti gareen faallaa kubbaa nurraa fudhachuu hin dandeenyeen ta'uu qaba.

Akkaataa Qabannaa kubbaa

1. Jalqaba gara kubbaan irraa dhufaa jirtutti gara galuun harka gara fuula duraatti diriirsuu.
2. Quboota harka keenyaa facaasuun barruu harka keenyaa akka gad-boolleessuu taasifnee kubbaa eegachuu

3. Erga kubbaan harka keenya seente booda ykn kubbaa qabachuu keenya erga mirkaneffannee booda hattattamaan gara laphee (Qoma) keenyatti fiduun qabachuu.

2. Kubbaa Walii Kennuu (passing)

- Kubbaa walii kennuun teeknika bu'uuraa tapha kubbaa harkaa keessaa isa tokkoodha. Kunis kan raawwatamu taphataa lama fi kanaa oliin fageenya adda addaa irraa kubbaa walii dabarsuun kan dalagamu dha.
- Tapha kubbaa harkaa keessatti kubbaa walii kennuun taphichi akka baay'ee saffisuu ta'u taasisa. Kunis kubbaa yeroo gabaabaa keessatti gara galii faallaatti fudhatanii figuudhaaf gargaara.

Kubbaa walii kennuu keessatti qabxiileen ilaalcha keessa galuu qaban

1. Humna ittin darbannu.
2. Fageenya ittiin darbannu.
3. Yeroo ittiin darbannu.
4. Kallattii ittiin darbannu.

Mala kubbaa walii kennuu

Tapha kubbaa harkaa keessatti kubbaa akkaataa adda addaatii walii kennuu ni danda'ama. isaan kunis maleen kubbaa walii kennuu jedhamu. Malleen kubbaa walii kennuu kan jedhaman

A- Kubbaa harka lamaan mataa oliin walii kennuu

- Kubbaa harkaa lamaan mataa oliin walii kennuun mala akka salphaatti dagaagfachuu fi qayyabachuu danda'amu keessa tokko dha.
- Mala kanatti fayyadamuun kan barbachisu yeroo taphaataan garee ofii (waahilaa) tokko taphataa garee faallaa duuba jira ta'e taphataa garee faallaa kanarraan dabarsuun kubbaa taphataa wahilaaf kennuun yoo barbaadamee dha.

Kubbaa harka lamaan mataa oliin walii kennuuf

- Miila lamaan balina qomaatiin addaan banuun ykn miila tokko fuula-duratti akka darbu gochuun dhaabbachuu
- Harka lamaan kubbaa fuuldura qomaatti qabachuu

- Miila lamaanuu xiqqoo jilbatti dachaasuun ulfaatina qaamaa xiqqoo gara lafaatti gadi siksuu.
- Harka ciqileetti dachaasuun kubbaa mata olitti ol fiduu
- Harka irraa duubatti dachaasanii fuunduratti dhiibuu dhaan kubbaa darbachuun gara barbaadametti akka deemtu gochuu dha.

B. Kubbaa harka tokkoon mataa oliin walii kennuu

- Malla kubbaa walii kennuu keessaa inni tokko kubbaa harka tokkoon mataa oliin walii kennuudha. Kunis tapha keessatti mala baayyee barbachiisuudha.
- Taphataa nurraa fagaatee jiruuf kubbaa humna qabu kennuu yoo barbaanne, keessumaa tapha hubuu irratti fageenyaan darbachuun kubbaa taphataa fuuladura jiruuf kennuuf mala bayee barbachiisuu dha.

Kubbaa harka tokkoon mataa oliin walii kennuuf

- Miilaa lamaan balina qomaatiin addaan banuun ykn miila tokko fuunduratti akka dursuu gochuun dhabbachuu.
- Harka tokkoon kubbaa mata olitti qabachuu
- Miila lamaanuu jilbarratti xiqqoo dachasuun ulifina qaamaa gara fuula duratti gochuu
- Harka osoo hin dachaasiin duubatti fiduun gara fuula duraatti darbachuun kubbaa nama barbaadame sana bira akka geessu gochuu. Yeroo kana miila inni booda jiru fi qaamni akka gara fuula duraatti deemu gochuun kubbaan akka humna barbaachisaa argatu gochuun barbaachisaa dha.

3. <u>Kubbaa firiccisiisuu</u>

❖ Kubbaa lafaaan rukutuun gara baraachisaa te'eetti tarkaaniifi dheeraa ykn gabaaabaa, hatattamaan ykn suutaan deemnun **firiccisiisuu** jedhama.

❖ Kubbaa firiccisiisuuf qinda'ina **kutaalee qaamaa, ariitii fi si'aayina** qabachuun barbachiisaa dha

Tapha kubbaa harkaa keessatti kubbaa firiccisiisuu kan faayadamnu.

1. kubbaa firiccisiisuun walii kennuuf
2. taphataa faallaa bira darbuuf
3. gara galii faallaatti ariitiin dhiyaachuuf

4. taphataan ofii hanga iddoo walaba ta'e argatuutti

Kubbaa firiccisiisuuf ija keenyaan waan sadii walitti qindeessuun barbachiisaa dha.

A- bakka (iddoo) taphataan faallaa itti argamu,

B- kubbaan eessatti akka lafaan ruutamtu,

C- fageenya mataa ofii fi taphataa faallaa jidduu jiru ilaaluun guutumaa guutuutti lafa osoo hin ilaaliin ijaan altokkotti waan sadan ilaalaa kubbaa firiccisiisuun bu'aa guddaa qaba.

Akkaakuu friccisiisuu

Kubbaa harkaa keessatti friccisiisuu lamaattu jira. Isaanis

A -Firiccisiisuu ol-aanaa

- Gosa firiccisiisuu keessaa tokko ta'ee kubbaa lafa irraa ol kaasuun mataa keenyaa gadiif mudhii keenyaa ol gidduutti kan firiccisiisnu dha.
- Gosti firiccisiisuu kun kubbaa gara fuula duraatti ariitii olaanaan fudhatanii fiiguuf gargaara.

B- Firiccisiisuu gad-aanaa

Firiccisiisuu gad-aanaan kubbaa naannoo jilbaatti firiccisiisuu dha,

Faaydaa firiccisiisuu gad-aanaa

- Kubbaa to'annaa ol-aanaa jala olchuuf
- Haala mijeeffachuuf fi k.f ta'a.

4. Kubbaa gara galitti darbuu(shot)

❖ Kubbaa gara galiitti darbatanii galchuun tapha kubbaa harkaa keessatti sochii bu'uuraa dha. Sababiin isaas moo'uus ta'e moo'amuu kan murteessu galii lakkaa'ame(gale) waan ta'eef.

- *Kubbaa yeroo gara galitti darbinu ga'umsaan darbachuuf wantoonni ilaalcha keessa galuu qaban.*
  - Dhaabbii sirrii ta'e irra jiraachuu
  - Ariitiidhaan kubbaa gad-dhiisuu
  - dandeettii darbannaa
  - yeroo darbannaa beekuu.
  - xiyyeeffannaa ol-aanaa ta'e qabachuu

- Ofitti amanttummaa qabachuu qaba
- Qindoomina qaamaa fi sammuu qabachuu ilaacha keessaa galchu qabna.

Mala Kubbaan Itti Darbatamu

Tapha kubbaa harkaa keessatti malli kubbaa gara galitti ittiindarbatan hedduudha. Isaan keessaa warri beekamoo ta'an.

1. Mala darboo seetii
2. Mala darboo utaalchaa
3. Kufuun ykn jiguun darbachuuti.

2. Mala Darboo Seetii (set shot)

Malli kun mala kallattiin (direct) ykn jidduun (center) darbachuu jedhamuun beekamu. Kunis akaakuu lamatu jira.

A. Kubbaa sirrii ceekuun gara galitti darbachuu
B. Kubbaa mataa oliin gara galiitti darbachuu.

A. Kubbaa sirrii ceekuun gara galitti darbuu

Kubbaa mala kanaan yeroo darbannu jalqaba kubbaa sirrii ceekuutti harka tokkoon qabachuu qabna. Itti aansuun akkuma beekamu malli kun kan utaaluun darbatamu osoo hinta'iin bakkuma dhaabbanutti haala mijjeeffachuun kubbaa gara galitti darbachuudha..

B -Kubbaa Mata Oliin Gara Galitti Darbachuu

Malli kun kubbaa mataa oliin harka tokkoon qabannee bakka dhaabannee irraa qiyyeeffachuun kubbaa gara galitti darbachuu dha.

Teeknika Bu'uuraa Mala Darboo Seetii

- Luka bitaa gara duraatti dabarsuun sirriitti jabeessanii lafa dhaabbachuu
- Kubbaa sirrii ceekuutiin ykn mataa oliin qabachuu
- Ceekuu irraa (Shoulder) xiqqoo gara fuula duraatti taasisuu.
- Ijaan xiyyeeffatanii sirriitti ilaaluu.
- Humnaan gara galitti darbachuu.

3. Mala Utaaluun Gara Galiitti Darbuu (mala darboo utaalchaa)

- Malli kun mala ulaaluun kubbaa gara galitti qiyyeeffatanii darbuu tii.
- Malli kun malleen kubbaa qiyyeeffachuun gara galitti ittiin darbataman keessaa isa filatama fi bu'a qabeessa dha.

- Akkasumas mala beekamaaf taphatoonni tapha keessatti yeroo hedduu itti fayyadamanii dha.

Teeknika bu'uuraa mala utaalchaan gara galiitti darbatanii galchuu.

- Kubbaa harka lamaan qabachuun tarkaanfii sadii guutuu fudhachuu
  - Bitaa Mirgaa Bitaa ykn mirgaa Bitaa-mirgaa
- Luka bitaan sirritti ol ka'uu fi harka kubbaa qabatee jiru hanga danda'ame gara duubaatti micciiruun/harkisuu
- Ceekuu harka darbatuui gara duubatti harkisuu/ micciruu
- Harka kubba qabatee fi ceekuu humnaan gara fuula duraatti fiduun jabeessinee kubbaa gara galitti darbuu fi luka ittin kaaneen qubachuu.

3. Mala Jiguun ykn kufuun Darbachuu

Tapha keessatti yeroo baayyee itti hin fayyadamnu. Maaliif yoo jenne haalli darbannaa kanaa xiqqoo waan rakkisaa ta'eefi dha.

Akkaataa darbannaa kanaa

- Jalqaba dugda keenya gara galitti naannessuu.
- Kubbaa harkaa tokkoon qabachuun gara fuula duraatti (naannoo hadhuraatti) ol fiduu (kubbaan kan qabamu buusaa harkaa (qoroncoo) ol-dachaasuun barruu harkaa gad-dhomoksuun ykn gomoomsuu eerga qabanne booda gara irree harkaatti ol fiduun irree harkaatti akka irkatu gonna
- Harka isa kubbaa qabatee jiru gara cinaatti ofirraa ykn sikuun ofirra nannaa'uun erga darbattee booda garaadhaan gara lafaatti kufuudhaan raawtama.

5 - Tapha Hubuu

Hubuu jechuun haala qindoominaaf ariitii qabuun garee faallaa irratti dhiibbaa uumuun olaantummaa ofii mul'isuu dha.

MALA (ISTIRAATEEJII) HUBUU

Tapha kubbaa harkaa keessatti hubuun gosa lamatu jira. Isaanis

1. Mala hubuu Faastibireekii
2. Mala hubuu Qindaa'aa jedhamuun beekamu.

Dandeettii, taaktikii,dheerina taphattoota fi qindomina garee faallaa irratti hunda'uun malleen hubuu kan jijjiiruun itti fayyadamnee moo'ataa (bu'a qabeessa) ta'uun ni danda'ama .

1. Mala hubuu faastibireekii

Faast biireekii

- Sochii Ariitii guddaadhaan kubbaa gara galiitti faallaatti fudhatanii fiiguun raawwatamu dha. Kunis
  - Osoo gareen faallaa kubbaa walii darbatuu irraa fudhachuun,
  - Kubbaa galitti darbatamtee osoo hin galiin hafte fudhachuun
  - Darboo bilisaa boodaaf kkf tuudha.
- Kubbaa haala armaan olitti ibsamaniin arganne firiccisiisa fi walii kennudhaan ariitiidhaan ol-aanaan fiiguun addeemsi galiigalchuuf nutti taasifnu **faasti bireekii** jedhama.

2. Mala Hubuu Qindaa'aa

- Taphattoonni garee tokkoo hundinuu sirritti qindaa'uun kubbaa walii dabarsaa gara galii faallaatti deeman **hubuu qindaa'aa jedhama**.
- Mala hubuu qindaa'aa kana irratti naannoo galii faallaatti kubbaa walii kennuun kubbaa akka harka garee faallaa hinseenne ofeeggannoo gochuun barbaachiisaadha. Sababiin isaas faastii bireekii fayyadamuu waan danda'aniif dha.

Tapha Ittisaa

- Itti gaafatamummaan taphattoota ittisaa inni guddaanii fi inni jalqabaa Faasti bireekii fi hubinsa qindaa'aa dhorkkuu dha.
- Kanas kan gochuu danda'an naannoo galii (m6) iraatti hiriiruun karaa kubbaan irraa gara galii isaaniitti darbatamuu danda'u hunda cufuudhaan ta'a. Taphattoonni garee tokko hundinuu naannoo ittisaa galii isaanii irratti hiriruun haala qindomina olaanaa dhaan gamaa gamanatti socho'uun taphattoota garee faallaattin akka galiin isaanitti hin lakka'amne tooftaa isaanii itti fayyadamanii kubbaa of irraa dhorkan **Ittisa** jedhama.

Taphni ittisaa kun akaakuu lama qaba. Isaanis

1. Ittisa zoonii
2. Ittisa tokko fi tokkoo dha.

A. Ittisa Zoonii

- Ittisni zoonii ittisa tooftaa hubiinsa garee faallaa cabsuuf gargaaruu dha.
- Yeroo ittisa zoonii taphattoonni naannoo galii isaanii qofa ittisu. Kunis taphattoonni garee faallaa akka galiitti dhiyaatanii kubbaa gara galiitti darbachuu hin yaalee gargaara.

Akaakuu hiriira ittisa zoonii

A. 6 –0
B. 5-1
C. 4-2
D. 3-3 fi kkf

B. Ittisa tokkoof tokkoo

- Ittisni kun nama tokkoof tokko gidduutti kan raawwatamuudha. kunis namni tokko taphataa garee faallaa tokkoof ramaduun sochii taphataan kun taasisu hunda gufachiisuuf kan taasifamuu dha.

- Ittisa tokkoof tokkoo kana keessatti taphatootni yeroo ramadamu:
  - Dandeettii dhunfaa
  - Artii
  - Dheerina
  - Dandeettii ittisa fi kkf kan garee ofiitii fi garee faallaa yaada keessa galchuun qaba.

7 - Galii Eeguu

- Tapha /dorgommii\ kubbaa harkaa keessatti baayy'ee murteessaan galii eeguudha.
- Taphataan galii eegu tokko hubuu faastibiireekii eegalsiisuuf /jalqabsiisuuf bakka olaanaa qaba ,
- Akkasumas bifa kamiiniyyuu kubbaawwan gara galiitti darbataman ittisuuf itti gaafatamuummaa qaba.

Dandeettiiwwan galii eegan tokko qabaachuu qabu keessaa muraasni.

- Dandeettii qabannaa kubbaa
- Dandeettii kubbaa dhorkuu
- Dandeettii sochii taphattoota fi kubbaa hordofuu

- Ofitti amantummaa
- Ga'umsa qaamaa kenneen akka:
    - Si'aa'inaa
    - Dadadacha'uu
    - Madaala qaamaa eeguu
    - Qindoomina qaamaa fi sammuu

✓ Malawwan hubuu tapha kubbaa harkaa tarreessuun tokko tokkoo isaatiif fakkeenya kennuun ibsi.

Gaaffilee Yaalii

I.<u>Gaaffilee armaan gadiif yoo sirrii ta'e dhugaa, yoo dogongora ta'e immoo soba jechuun deebisi</u>.

1. Wal dorgommiin tapha kubbaa harkaa Addunyaa yeroo jalqabaatiif bara 1925 ALI adeemsifame.
2. Bara 1964 ALI Itoophiyaan miseensa guutuu Federeeshinii tapha kubbaa harkaa Addunyaa taate.
3. Darbannaan adabbii bilisaa yeroo kennamu gareen faallaa 3m irraa fagaatee dhaabachuu qaba.
4. Yeroo kubbaa harkaa qabatan quboota harkaa addaan facaasanii barruu harkaa boollessuu dhiisuun sirriitti qabachuun murteessaa dha.
5. Taphataan ittisa garee faallaa gabaabaa yoo ta'e kubbaa firiccisiisuun walii kennuun murteessaa dha.
6. Kubbaa harka tokkoon mataa oliin walii kennuun taphataa nutti dhiyoo jiruuf humnaan kennuuf gargaara.
7. Kubbaa firiccisiisuun qindoomina kutaalee qaamaa fi ariitii kan hin barbaachifne yoo ta'u si'aayinnii murteessaa dha.
8. Malli jidduun galiitti darbachuu jedhamee beekamu mala jiguun kubbaa gara galiitti darbachuuti.
9. Tarkaanfii bitaa-mirga-bitaa ykn mirga-bitaa-mirga fudhachuun kubbaa gara galiitti darbachuun mala darboo seetii yeroo gargaaramani dha.
10. Sochii ariitii guddaadhaan kubbaa gara galii faallaatti fudhatanii fiiguun raawwatamu mala hubuu faastibireekii jedhama.

II. <u>Gaaffilee "A" jala jiraniif deebiidha kan jettu "B" jalaa filachuun walitti firoomsi</u>.

<u>"A"</u>	**<u>"B"</u>**
11. Bara 1936 ALA	A. Yeroo jalqabaaf oloompikii irratti taphatame
12. Bara 1946 ALA	B. Itoophiyaan waldorgommii tapha kubbaa harkaa Adduyaa irratti hirmaatte
13. Bara 1974 ALA	C. Federeeshiniin tapha kubbaa harkaa Itoophiyaa hundeeffame
14. Bara 1962 ALI	D. Shaampiyooniin tapha kubbaa harkaa Afirikaa gaggeeffame
15. Bara 1968 ALI	E. Seerri tapha kubbaa harkaa mana keessaa ragga'e
16. Bara 1960 ALI	F. Taphni K.H Itoophiyaa seene
17. Bara 1964 ALI	G. Missensa guutuu F.T.K.H. Addunyaa taate
18. Bara 1963 ALI	H. Yeroo jalqabaaf kilebota gidduutti taphatame
19. Bara 1961 ALI	I. Leenjiin T.K.H Itoophiyaatti kenname
20. Bara 1928 ALA	J. Federeeshiniin T.K.H. Addunyaa hundeeffame

III.<u>Gaaffilee armaan gadiif deebii sirriidha kan jettu filachuun deebisi</u>.

21. Dirreen kubbaan harkaa irratti taphatamu dheerinnii fi bal'inni isaa meeqaan qophaa'a?
    A. 20m fi 40m B. 28m fi 15m C. 15m fi 28m D. 40m fi 20m
22. Kubbaan karaa sarara dhumaa galii eegaa tuqtee yoo gara alaatti baate darboon maaltu kennama?
    A. Darbannaa sarara cinaa B. Darbannaa galii C. Darbannaa adabbii D. Darbannaa suuqqaa
23. Dheerinni tapha kubbaa harkaa kan shamarranii kan taphatamu yeroo hangamiifi?
    A. 60' B. 30' C. 40' D. Deebii hin qabu
24. Kanneen armaan gadii keessaa tokko yeroo kubbaa walii kennuu kan beekamuu qabu dha.
    A. Fageenya ittiin darbannu B.Yeroo itti darbannu C.Kallattii itti darbannu D.Hunda
25. Yeroo kubbaa harka lamaan mataa oliin walii kennuu kan beekamuu qabu:
    A. Harka lamaan kubbaa fuuldura qomaatti qabachuu
    B. Miila lamaan xiqqoo jilbatti dachaasuu
    C. Harka ciqileetti dachaasuun kubbaa mataa olitti fiduu
    D. Hunduu deebii dha
26. Tokko faayidaa kubbaa firicciisiisuu miti.
    A. Taphataa faallaa bira darbuuf
    B. Galii faallaatti suuta dhiyaachuuf
    C. Kubbaa firicciisiisuun walii kennuuf
    D. Taphataan ofii hanga iddoo walaba ta'e argatutti
27. Yeroo kubbaa firicciisiisuu ijaan wanti walitti qindaa'uu hin qabne dha.
    A. Iddoo taphataan faallaa itti argamu C.Fageenya ofii fi taphataa faallaa gidduu jiru
    B. Kubbaan eessatti akka lafaan rukutamtu D.Deebii hin qabu
28. Namni kubbaa gara galiitti darbatu tokko ga'umsa inni qabaachuu qabu kan hin taane kami?
    A. Yeroo kubbaa gadhiisu suutaan raawwachuu C.Xiyyeeffannaa olaanaa ta'e qabaachuu
    B. Ofitti amanamummaa qabaachuu D.Hunduu deebii dha
29. Tekinika bu'uura mala darboo seetii kan ta'e kami?
    A. Ijaan xiyyeeffatanii sirriitti ilaaluu C.Hunmaan gara galiitti darbachuu
    B. Xiqqoo ceekuu fuulduratti geessuu D.Hunduu deebii dha
30. Dandeettii galii eegaan qabaachuu qabu kan hin taane kami?
    A. Sochii taphattootaa fi kubbaa hordofuu dhabuu C.Kubbaa dhorkuu danda'uu
    B. Ofitti amanamummaa qabaachuu D.Hunduu deebii dha

31. _____ jechuun dorgommiin tokko miidhaa fi walitti bu'iinsa malee akka gaggeeffamu taasisa.
    A. Seera B. Dirree C. Dheerina yeroo D. Garee

32. Sararri darboo bilisaa galii irraa metira meeqa fagaatee sararamuu qaba?
    A. 9M B. 6M C. 7M D. 11M
33. Turtiin ykn dheerinni yeroo tapha kubbaa harkaa tokko dhiirotaaf daqiiqaa meeqa?
    A. 40’ B. 50’ C. 60’ D. 30’
34. Gareen tapha kubbaa harkaa kan of keessatti qabachuu qabu kami?
    A. Leenjisaa B. Dursaa garee C. Taphattoota D. Hunda
35. Tapha kubbaa harkaa keessatti baay’inni taphattoota yeroo tokkotti dirree seenanii taphachuu qabanii meeqa?
    A. 5 B. 7 C. 12 D. 6
36. Tapha kubbaa harkaa keessatti gareen tokko yeroo inni kubbaa of harkaa baasuu qabu kan to’atu eenyu?
    A. Qabxii qabaa B. Murteessaa 1ffaa C. To’ataa sekoondii 30 D. Murteessaa 2ffaa
37. Tapha kubbaa harkaa keessatti murteessaan taphaataa tokkoof adabbii daqiiqaa 2 kan kennu yeroo kami?
    A. Darbannaa adabbii bilisaa B. Darbannaa adabbii C. Darbannaa galii D. Hunda
38. Kubbaa firiccisiisuun qindoomina maalii barbaada?
    A. Ariitii B. Si’aayina C. Kutaalee qaamaa D. Hunda
39. Ga’umsaan kubbaa gara galiitti darbachuuf wantootni ilaalcha keessa galuu qaban maali?
    A. Dandeettii darbannaa B. Yeroo darbannaa C. Qindoomina D. Hunda
40. Sochii ariitii guddaadhaan kubbaa gara galii faallaatti fudhatanii fiiguun maal jedhama?
    A. Hubuu qindaa’aa B. Leeyaappii C. Faastibireekii D. Hunda

IV. Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii iddoo duwaa siif kenname irratti guuti.

41. Dura dugda ofii galiitti galagalchanii ofirra naanna’uun kubbaa gara galiitti darbachuun _____ jedhama.
42. Qixa sirriin deemanii miila ofii osoo lafaa hin kaasiin dhaabatanii kubbaa gara galiitti darbachuun _____ jedhama.
43. Hubuun _____ fi _____ jedhamuun mala lamaan raawwatama.
44. Malli darboo seetii _____ fi _____ jedhamuun bakka lamatti qoodama.
45. Akaakuuwwan firiccisiisuu _____ fi _____ dha.

V. Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa kenni

46. Akaakuuwwan ittisaa barreessi.
47. Akaakuuwwan hiriira ittisaa tarreessi.
48. Ga’umsa qaamaa galii eegaan qabaachuu qabu tarreessi.
49. Hubuu qindaa’aa jechuun maal akka ta’e ibsi.
50. Kubbaa firiccisiisuu kan fayyadamnu yeroo kam akka ta’e tarreessi.

Deebii Gaaffilee Yaalii

Dhugaa/Soba		Firoomsii		Filannoo				Idoo duwwaa	
1	Soba	11	A	21	D	31	A	41	Jiguu ykn kufuu
2	Dhugaa	12	E	22	B	32	A	42	Mala darboo seetii
3	Dhugaa	13	D	23	D	33	C	43	-Hubuu faastibireekii fi -Hubuu qindaa'aa
4	Soba	14	C	24	D	34	D		
5	Soba	15	B	25	D	35	B	44	-Kubbaa sirrii ceekuun galiitti darbachuu -Kubbaa mataa oliin gara galiitti darbachuu
6	Soba	16	F	26	B	36	C		
7	Soba	17	G	27	D	37	A	45	-Firiccisiisuu gad-aanaa
8	Soba	18	H	28	A	38	D		-Firiccisiisuu olaanaa
9	Soba	19	I	29	D	39	D		
10	Dhugaa	20	J	30	A	40	C		

Deebii gabaabaa kennii

46. Ittisa tokko tokkoo fi ittisa zoonii jedhama.
47. 6-0, 5-1, 4-2, 3-3
48. Si'aayina, dadacha'uu, madaala, qindoomina qaamaa fi sammuu
49. Taphattoonni garee tokkoo hundi sirriitti qindaa'uun kubbaa walii kennaa gara galii faallaatti deemuu jechuu dha.
50. – Kubbaa firiccisiisuun walii kennuuf
    - Taphataa garee faallaa bira darbuuf

- Gara galii garee faallaatti ariitiin dhiyaachuuf
- Taphataan ofii hanga iddoo walaba ta’e argatutti